- **Kanaaf, tumaa sd duraanii kwt.518 irra kan ture seera haaraa kanaan haqamee jira.**

Waldaa Dhuunfaa Gaafatamummaan isaa Murtaa’e(PLC)(495-

- PLC is hybrid of partnership and share companies
- PLC’n shariikumma miseensotaa fi kappitalaa kaffalamee walittii makee kan qabateedha. Maal jeechudha?
- Shariikummaan walqabate daddabarsa aksiyoonii irrattii dangaa ka’uu isaati,
- Waldaa kappitalaa ta’uu kan agaarsisuu immoo itti gaafatamumman miseensota hanga baasi isaanitti qofa tahuu fi du’uun miseensa waldaa kan hin digne tahuu isaati(kwt.495)
- PLC’n akka waldaa aksiyoona boordiin osoo tahiin miseensotan kan hogganamuu tahu isaa

Qooda...

- **Qoodni miseensota waaldicha bareeffaman hanga dhorkaan bareeffama hundeeffama keessatti hin ka'amnetti jidduu isaanitti daddabarsuun** ni danda'ama,

Article 508. Transfer of Shares

1/ Any transfer of shares shall be made in writing; Transfer of shares shall be of no effect in relation to third parties unless it has been entered in the share

register.

2/ Unless otherwise provided in the memorandum of association, there shall be no restriction on the transfer of shares among members.

Qooda...

- Qooda miseensota, qaama alaatti dabarsuuf garuu eeyyama miseensota harka ¾ gaafata(SD KWT.505,509)

Article 509. Transfer of Shares Outside the Company

1/ Notwithstanding the provisions of Sub-Article (4) of Article 508 of this Code, a transfer of shares outside the company shall be approved by members representing at least three-quarters of the capital, unless a larger majority or unanimity is fixed in the memorandum of association.

Qooda...

- Yoo aksiyooni miseensa tokko sababaa **raawwii idaatif qabamee** abbaan idaa miseensa akka tahuuf, miseensota waldiicha **3/4ffaan mirkanna'uu** qaba.
- Yoo miseensonni mormaan aksiyooni kun miseensa waldaa keessaa kan **bitachuuf feedhi** qabuti gurgurama.
- Yoo miseensii feedhi qabu hin jire immo **waldichii mataa isaati** qabeenya kufamaa(reserve) qabu irraa akka bitaatu ta'a(kwt.510)

Gaaffiillee Marii

1. lakkoofsi miseensaa lamaa gadi yookiin shantamaaa oli yoo ta’e bu’aa maal hordoofsiisuu danda’aa?
2. Aksiyoonin miseensa tokko irraa gara biratii darbee kan jedhamu yoomi? Yeroo yaa’iin murtessee moo? Ragaa sheerii dabarsee kenne moo? Kanaaf murtii SD harawaa 508(1) fi SD duranii kwt.522 fi 523(3) akkamiin madaalta?
3. Aksiyooni dhalaan darbuu daanda’a? SD harawaa kwt,511 fi SD duranii kwt.524 walbira qabun?
4. Aksiyoona sababaa idaatif rawwiin qabamee fuudhachun miseensa tahun nii daanda’ama? Dhimma kana SD harawaa kwt.510 fi SD duranii 522 fi 523(5) waliin madalaa?

Dhimma...

Dhimmaa- Iyyataan Baankii Daldala Itoophiyaa fi Waamamaan Ashabbir Taadasa N=5, M/M/W/F/Dhaddacha Ijibbaataa, Lakk.G.57288, gaafa 19/07/2003- **Dabarsaa Aksiyoona SD duranii jalatti kenne**

- Dhimma mana murtii olaanaa godina Gujiitin ilaalamee murtii argate tokko keessatti **manni murtii maqaan miseensootni haaraa galmee yaa'ii abbootii aksiyoonaa keessatti waan galmaa'ee** fi miseensootni dhaabbatichaas miseensummaa namoota aksiyoonicha darbeef waan hin mormineef **aksiyoonni falmii kaasee kun darbuu** isaa agarsiisa jechuun murteessera.
- Dhaddachi ijibbaata mana murtii waliigala Oromiyaas murtii kana **cimiseera**.

Dhimma...

- Dhaddachi ijibbaata mana murtii feedaraalaa ammoo miseensootni **haaraan kun yaa'ii irratti argamuun mallatteessuun isaanii fi miseensootnis mormuu dhabuun isaanii duwwaa aksiyoonni darbeera hin jechisisuu** dabarsi taasifame galmee daldala keessatti galmaa'uun isaa mirkanaa'u qaba jechuun murteesseera.
- Dabarsii aksiyoonaa galmee daldala keessatti akka galmaa'u taasisuun dabarsi taasifame garee sadaffaaf akka beekamu kan taasisu waan ta'eef namootni haala aksiyoonichaa akka baran godha.
- **Kanaaf murtii SD harawaa 508(1) fi SD duranii kwt.522 fi 523(3) akkamiin madaalta?**

Dhimma 2ffaa

Dhimma (Sinkutee Husseen N-5 fi Waldaa Aksiyoonaa Matasaasabi La'idigat, Mana Murtii Sadarkaa Duraa Feedaraalaa, Lakk. G.193953.(SD duranii)

- himattootni dhaaltoota waan ta'aniif bu'uura SD 524 **dhaaltootni aksiyoona dhaalchisaa yoo waliigalteen addaa dambii ittiin bulmaata keessa jiraachuu baate dhaaluu danda'u** jechuun murteesseera.
- Keewwatni 524(1) yoo haala addaan dambii ittin bulmaataa keessatti tumamuu baate aksiyoonni waldaa dhuunfaa dhaaltootatti kan darbu ta'uu kaa'eera.

Murtii kana SD harawaa kwt,511 fi SD duranii kwt.524 wal biaratii illaaluu?

Dhimma...

- **Dhimmaa- Iyyataan Baankii Daldala Itoophiyaa fi Waamamaan Ashabbir Taadasa N=5, MM/W/F/Dha Ijibbaataa, Lakk.G.57288, gaafa 19/07/2003- Dabarsaa Aksiyoona Rawwiin**
- baankii daldala Itoophiyaa idaa himatamaa tokkooffaarraa qabuuf aksiyoona himatamaa tokkooffaa waldaa dhuunfaa keessaa qabu kabachisuun aksiyoonichi caal baasiin guguramee akka kaffalamuuf gaafateera.
- Manni murtii olaanaa godina Gujii dhaabbatni dhuunfaa **namoota hariiroo dhuunfaa qaban gidduutti kan hundeeffamu ta'uu isaa**, dhaabbatichis kan himatamaa tokkooffaa duwwaa akka hin taane ibsuun gaaffii aksiyoonni himatamaa tokkooffaa caal baasiin gurrguramu qaba jedhu kufaa gochuun ***miseensootni dhaabbatichaa gahee himatamaa tokkooffaa ogeessaan shallagame baankiif kaffaluun*** dhaabbaticha akka ofii olchan murteesseera.

. . .

- Dha/lj/M/m/ W/feedaraalaa seerri daldalaa keewwata 522, 523, fi 524 jalatti yoo abbaan aksiyoonaa tokko idaa qabaatee fi sababa kanaan aksiyoonni isaa gurguramu gahe miseensotni dhaabbatichaa mirga dursaa kan argatan ta'uu isaanii malee **sababa idaa miseensaatin aksiyoonni abbaa idaa gurguramu kan hin qabne ta'u hin kaa'u** jechuun aksiyoonni himatamaa tokkooffaa caalbaasiin akka guguramu ajajeera.
- Dhimma kana SD harawaa kwt.510 fi SD duranii 522 fi 523(5) waliin madalaa? Dhaddacha Ijibbaataa, gurguramu qabu yaadni jedhu mirga himataa/baankii/ kan dhiphisu dha

Qooda...

- Yoo waliigalteen adda barreefama hundeefamaa keessaa jirateen alaa sheerin miseensa du’ee dhaltoota isaaf darba.
- Yoo dhaltootni feedhi hin qabanee waldiichi kappitalaa of egannoo irraa kaafaluun sheeri kana nii hanbifata. (kwt.511)

Qooda...

- **Qooda dabarsuun hanga galmee daldalaa irraatti hin galmoofne bu'aa hin qabu(kwt.508)**

Murtii Dha/ IJ/ Lakk.galmee 57288 Jildii 12ffaa

- Miseensi PLC tokko gahee aksiyoona isaa nama biraaf dabarsuun kan mirkanna'uu akkataa seeratiin kwt.523(3)ti galmee daldalaa irrattii yoo galma'eedha. Kanafuu qaboo yaa'iin murtii kana ibsuu qoftii jirachuun hanga galmee daldalaa irrattii hin galma'iin qamaa 3ffatti darbee jeechun hin daanda'amu.
- SD harawaa 508 fi SD duranii kwt.522

Dhimma 3ffaa

- Himattuun himatamtoota Waldaa Aksiyoona Barnoota Waliif waldaa sadarkaa fedaraalaatti galmaa'ee namoota 4 miseensota waldaa GAMTA IGM(PLC) ta"an kan bara 1985 kaapitaala qarshii 250000n ijaarame keessatti miseensa waldichaa keessaa maqaan isaa ***Mangistuu Markabee*** wajjiin haadha manaa fi abbaa manaa ta"uun gahee sheerii shan(5) kaappitaala qarshii 50000n hundoofnee kan turre yoo ta"u sababa gaa"elli keenya diigameef gahee keenyakan maqaa A/manaa kootiin galmaa'ee ture guutummaa isaa kan dhuunfaa koo ta"ee bu"uura murtii mana murtii lakk.g.20785 irratti ajaja kenneen waldaa GAMTAf dhiyaatee galmaa"ee waraqaan ragaa abbaa qabiyyummaa lakk.06/2006 kan gaafa 18/07/2006 waldicha irraa naaf

Kan itti fufe...

- miseensotni waldichaa namootni afur(4) kun mirga koo sarbuun wixinee waliigaltee bittaa fi gurgurtaa qabeenya waldichaa ani miseensa itti ta‟e aksiyoona barnootaa waliif gurguruun dabarsuuf adeemsa irra jiran faallaa seeraa waan ta‟eef haqamee mirga dursaa ani qabu akka anaaf eegamu jechuun Mana Murtii Olaanaa Godinaatti dhiyeesssiteeti
- M/M/Godinichaa Hanga murtii mana murtiin gaheen sharii abbaa manaa ishee waldicha keessaa qabu himattuuf hanga murtaa’etti wixineen waligaltee ishee duuba raawwate hagamuu qaba jedheera

Kan itti fufe...

- M/M/W/Oromiyaa dhaddacha lixaa immoo oliyyannoon dhimmicha ilaaluun himattuun miseensa waldichaa ta’uu ishee qaama aangoo qabutti hanga hin galmeesisifnetti qaama sadaffaa irratti dhiibbaa hin qabu waan ta’ee wixineen waliigaltee gurgurtaa haqamuun sirri miti jedhee murteesseera.

Gaaffii

- Murtii Mana Murtii isa kamtu bu’uura seeraa qaba jettu?maaliif?
- Murtiin mana murtii galmee waldichaa waajjira isaa keessatti galmaa’uu fi qaama aangoo qabu biratti galmaa’uun garaagarummaa bu’aa seeraa fidu qabaa?

Cont...

- Tumaa SD duraanii kwt.524 jalatti mirga miseensummaa abbaa aksiyoonaa dhaaltotatti dabarsuun akkuma jirutti ta’ee dabalataan akka SD ammaatti dhaaltonni miseensummaa waldichaa ta’uu kan hin feene yoo ta’e maallaqa of eeggannoo yoo qabatee gaheen isaanii kaffalameefii keessaa bahuu mirga akka qaban SD kwt.511 irraa ni hubatama.

Cont...

Article 511. Devolution of Share by way of Succession

1/ unless otherwise provided in the memorandum of association, the shares of a deceased member shall devolve upon his heirs.

2/ however, where the heirs do not want to be shareholders, they shall be paid from reserve funds the amount that the deceased's shares represent in the assets of the company in the final balance sheet.

3/ the right under Sub-Article (2) of this Article shall not apply where the company does not have sufficient reserve that is distributable to shareholders.

Cont...

- Yoo waliigalten murta’een alattii yoo aksiyooni wabiin ykn alabaan kenname , mirga yaa’ii irraatti hirmaachuu kan qabu **miseensa wabiin kenne(pladger)dha**-(SD kwt. 505)

Bulchiinsa Waldichaa

- SD duraanii keessatti waldaan manaajera qabaachuu qaba kan jedhu yoo ta’u(517(j) +525),
- kan ammaa immoo **boordii dayirekterootaa miseensa nama 3-13 qabu barreeffama hundeeffama waldichaatiin hundeessuu akka danda’an** tumamee jira(SD ammaa kwt.296+500+513).

Bulchiinsa Waldichaa

Tumaaleen waa’ee

- muudama fi aangoo irraa buufamuu,
- aangoo fi itti gaafatamummaa,
- haala kaffaltii fi
- turtii yeroo miseensota boordii daayirekterootaa kan waldaa aksiyoonaa keessatti tumaman waldaa aksiyoona dhuunfaa itti gaafatamummaan isaa murtaa’e kanaafis raawwatiinsa ni qabaatu.

(SD kwt.513)

Cont...

Article 513. Board of Directors

1/ the memorandum of association may provide for the management of a private limited company by a board of directors.

2/ the board of directors, if any, shall consist of three to seven members.

3/ The provisions of this Code on the board of directors of a share company concerning appointment, guarantees provided, removal, term of office, decision

making, liability, remuneration, powers and duties and other relevant matters under Sub-Article (4) and (5) of Article 296, Article 297, 298, 300-312 and Article 314-330 shall apply as appropriate to the board of directors of a private limited company.

Cont...

- **Barreeffama hundeeffamaatiin ykn gumii miseensota waliigalaatiin manaajera** muuduuf buusuun akkuma jirutti ta’ee,
- Waldaan aksiyoona dhuunfaa boordiidhaan kan bulu yoo ta’e boordiin **aangoo gaggeessaa ol’aanaa waldichaa**(manaajera) muuduu fi aangoo irraa buusuu kan qabaatu ta’uu isaa (SD kwt.514(2)
- Muudamni manaajeraa boordiin yoo ta’e manaajerri itti waamamni isaa boordiif ta’a.

Cont...

Hojii gaggeeessan

- Hojii guyyaa guyyaa waldichaa ni gaggeessa,
- karoora fi bajata waggaa waldichaa qopheessuun ni dhiyeessa yoo mirkanaa'e hojiirra ni oolcha,
- gabaasa qopheessee boordiif dhiyeessa,
- hojjattoota waldichaa hogganuu, ***qacaruu fi hojiirraa gaggeessuuf aangoo ni qabaata. (SD kwt.515)***.

Itti gaafatamummaa Hogganaa

- Dirqama barreeffama hundeeffamaa ykn seeraan taa'e cabsuun miidhaa waldicha,miseensota ykn qaama 3ffaa irra gahuuf manaajerri itti gaafatamummaa ni qabaata.
- Yeroo waldaa irrattii murtiin kasaraa kennamee **qabeenyi jiru idaa kaffaluu hin daandenye** fi balleessaa kan qabu ta'ee qabeenya dhunfaa isaa irra akka kaffaluu m/murtii ajajuu daanda'a.SD kwt.516.

Itti gaafatamummaa Hogganaa

- Hogganaan qaama isaa mudeen hojii irraa gaggeefamuu daanda'a.
- Kunis BD ykn yaa'ii waliigalatiin tahuu daanda'a.(517)
- Hogganan hojii irraa gaggeefamee **osoo sababni gaggeefamef sirrii tahuu bateeyyu** gara hooitti hin deebi'uu.(517(2)
- Gaaffii miseensotatiin m/murtii sababnii gahan yoo jiratee hogganaa hojii irraa gaggessuu nii daanda'a. Nama bakka isaa bu'uus nii mudaa(517(3)

Dhimma

- **Iyyattooni Xaanaa Injinariing Itti gaafatamummaan isaa murtaa'ee fi abbootii aksiyoonaa sadii fi waamamaan miistar Alchaadii Deelgaawidiyoo, Manni Murtii Waliigala Feedaraalaa Dhaddachi Ijibbaata, Lakk. G, jildii 13 fuula 420.**

- Dhimma kanaaf ka'umsa kan ta'e murtii manni murtii feedaraala sadarkaa jalqabaan waamamaan ammaa ykn hojii gaggeessaan dhaabbatichaa sababa gahaa malee yaa'ii abbootii aksiyoonaan kan hojiirraa gaggeeffame waan ta'eef hojiitti haa deebi'u jechuun murtii kenname komachuunii dha.

Cont…

- Iyyattootnis waamamaan hojiirraa akka gaggeeffamu kan ta’e **yaa’ii waliigalaa abbootii aksiyoonaan waan ta’eef darbees otuma gaggeessaan taasifame seeraan ala ta’e hojii gaggeessaaf beenyaan akka kaffalamuuf taasifamu qaba malee hojiitti haa deebi’u jechuun murtiin kenname sirri miti** jechuun komii ijibbaataa dhiyeessaniiru.
- Dhaddachi ijibbaataa hiikkoo keewwata 527 (3) kenneen himni *hojii gaggeessaan hojiirraa ka’e hatattamaanii fi hanga dhumaatti hojiirraa dhaabbata jedhu hima dirqisisaa osoo hin taane hayyamsisaa/permisive/* akka ta’e hiikkoo kenneera.

Cont…

- Bu’uuruma kanaan yoo hojii gaggeessaan waldaa dhuunfaa itti gaafatamummaan isaa murtaa’e sababa gahaa malee hojiirraa gaggefame akka haala isaatti hojiitti deebi’u kan danda’u ta’u isaa ykn beenyaan kaffalameefi hojiirraa gaggeeffamu akka danda’u ibsuun,
- hojii gaggeessaan ammaa **qaxaramaa duwwaa osoo hin taane dhaabbata kana keessa dhaalaan kan seene ta’uu** fi iyyattoota waliin dantaa wal-fakkaataa kan qaban waan hin taaneef dantaawwan garagaraa kana wal-dandeessisuuf hojii gaggeessan hojiitti deebi’u qabu jechuun murtiin manneen murtii jalaan kenname **dogoggora kan hin qabne ta’u** ibseera

Dhimma

Lakk. Galmee 63200 jildii 13ffaa

- SD kwt. 527 jalattii wa'ee hojii gaggeessaa aangoo irraa buusuun walqabatee m/murtii hojii gaggeessaan kun seeran alaa hojii irraa gaggeefamee jedhee yoo amanee **beenya murtessuufii** nii danda'a jeechun kaa'amuun isaa m/murtii karaa seera alaan gaggeefamuu yoo hubatee **hoojitti deebisuu hin daanda'uu jeechun kan muurta'ee sirrii miti jechuun murteesseera**
- SD duranii kwt.527(3) fi SD harawaa 517(2 fi 3) akkamitti illaaltu?

Itti gaafatamummaa Hogganaa

Iyyattotni Asteer Arayaa fi waamtootni Addee Amsaal Balaay Faa, MM/W/F Ijibbaataa, Lakk. G. 39608, gaafa 11/6/2002 kenname.

- Dhimmichi mana murtii olaanaa feedaraalaatti murtee argatee mana murtii waliigala feederaalaa ol’iyannoonii fi dhaddacha ijibbaataan kan cimee dha.

Itti gaafatamummaa Hogganaa

- Dhimmichi mana murtii olaanaa feedaraallatti yeroo jalqabamu deebii kennitootni ammaa himattoota kan turan yoo ta’u himannaa dhiyeessaniin hojii gaggeessitootni dhaabbatichaa maallaqa miseensootarraa kan waliitti qaban yoo ta’u hojii qabatamaa keessa osoo hin galiin kaappitaala dhaabbatichaa keessaa dhibbeentaa 88.38% kan ta’u waan balleessaniif

Itti gaafatamummaa Hogganaa

- Akkasumas **dirqama herrega qabachuu bahuu gati dhabaniif dhaabbatichi kasaaree** akka diigamu waan ta’eef **miidhaa isaan irra gaheef beenyaan akka kaffalamuuf miseensotni gaafataniiru**.
- Hojii gaggeessitootni gama isaanitin mormii kaasaniin hojii gaggeessaa gatii taaneef duwwaa itti gaafatamu hin qabnu, hangi itti gaafatamummaa keenyas hanga maallaqa nuti buusinee caaluu hin qabu jechuun mormaniiru.

Itti gaafatamummaa Hogganaa

- Manni murtichaas falmii gama himatamtoota jalaa ykn iyyattoota ammaatiin ka’e kufaa gochuun hojii gaggeessitootni dirqama seeraan, dambii ittin bulmaataan akkasumas baratamaan daldala irraa maddeen dirqama galmeewwan herregaa qabachuu qabu ture kana bahuu dhabuu isaanitin dhaabbatichi akka kasaaru waan taasisaniif dhuunfaa fi waliin itti gaafatamu jechuun murteessera.

Itti gaafatamummaa Hogganaa

•Manni murtii waliigala feederalaa **dhaddachii ijibbaatas murtii kana cimseera.** Dhaddachi ijibbaataa sababoota dabalataa kaaseen dhaabbatichi

❖oditii ta’ee kan hin beekne ta’u,

❖baasiif galii isaa kan agarsiisu galmee herregaa kan hin qabne ta’uu isaa,

❖lakkoofsa herrega addaa kan hin qabne ta’u isaa kaasuun sababootni kannen dhabbatichi akka kasaaru kan taasise waan ta’eef hojii gaggeessitootni itti gaafatamaa kan qaban ta’uu mirkaneesseera.

❖**SD duranii kwt.530 fi SD harawaa 516(1,2) akkamitti illaalltu?**

Qabxii Marii

1. Dhimma biraa irratti gaggeessaan waldaa dhuunfaa qonnaa itti gaafatamummaan isaa murtaa’e keessa hojjatu tokko hojii isaa sirnaan gaggeessuu dhabuu isaarraa kan ka’e **omishini dhabbatichaa osoo hin gurguramiin waan badeef akkasumas maallaqa dhaabbatichaa lakkoofsa herrega dhuunfaa banuudhaan waan keessa galcheef** jechuun himannaan hojiirraa nuuf haa ka’u jedhu kan irratti dhiyaate yoo ta’u manni murtichaa ragaan gahaan hin dhiyaanne jechuun himannaa dhiyaate kufaa godheera(**Himataan obbo Bisraat Sayifuu fi himatamaan kibrat Wandimmuu Mana murtii**

Qabxii Marii

- Sababoota armaan oliitti ibsaman keessaa isaan kamtu hojii gaggeessitoota hojiirraa kaasuuf gahaa dha jettu? **Dirqamni hubachiisuu kan eenyuti**?
- SD duranii kwt.527(3) fi SD harawaa 517(3) akkamitti illaaltu?

Odiitara

- SD duraanii keessatti **waldaan odiitara kan qabaatu miseensa nama 20 oli** yoo qabaatedha.
- SD ammaa keessatti immoo miseensa nama 10 olii yookin qabeenya tilmaama miliyoona 10 oli yoo qabaate oditara alaa bilisa ta’e walgahii miseensota waliigalaatiin kan filatamu qabaachuu akka qabu tumamee jira(kwt.518).

Cont…

kwt.518

- **oditaronni yaa’ii waliigalatiin kan filaaman**
- dhimmonni hafan jeechunis aangoo fi itti gaafatamummaan oditaroota , haala muudamaaa fi hojiirraa ka’u ilaalchisee buu’ura keewwatoota oditaroota waldaa aksiyoona itti gaafatamummaan isaa murta’ee hogganiin kan hoogganamu tahu ifaan tumera (343-354)

Odiitera(kwt.343 – 354)

- **Odiitara ta’uuf-** namuusaa gaarii qabachuu, heyyaama ogummaa qabaachuu, **miseensa ykn hojeetaa waldiicha tahuu dhabuu,** haariroo ykn firummaa biraa waldiicha waliin qabachuu dhabuu(kwt.345)
- Gumiin Waliigalaa yeroo **kamittuu aangoorraa kaasuu kan daanda’uu yoo ta’uu**
- Oditariin sababaa gahaa malee kafamee **garuu beenyaa gaafachuu nii** daanda’a(kwt.346)

Odiitera

Dirqaamota Odiitara(kwt.348 fi 352)

- Odeefannoo sirrii ta’e kennuu fi iccittii dhaabatichaa eeguu
- Sanada maallaqaa, **herrega baasiif galii, galmee herregaa qorachuun** mirkaneessuu,
- Gabaasa boordiin miseensotaaf dhiyeessu **sirrii tahuu** mirkaneessuu (kwt.348)
- Gocha seeraan alaa ilaalchisee **gabaasa boordii to’attootaa yoo hin jirre boordiif ykn waltajjii miseensota waliigalaatiif** dhiyeessuu,(kwt.350)
- Bakka boordiin hin jirretti ykn miseensonni **kappitalaa waldiicha %10** bakkaa bu’aan yoo gaafatan waltajjii miseensota waliigalaa waamuu(kwt.351)
- Gabaasni Odiitarii dhiheessuu haqamuu nii daanda’a?

Odiitera

Itti gaafatamummaa Odiitara(kwt.354)

- Badii ykn dogongoraa rawwataaniin miidhaa gaheef S/HH nii gaafatamuu
- Odiitari ta’ee jeedhe **gabasaa sobaa dhiyeessuu ykn sanadaa baasiif gaali sobaa** sadarkaa kappitallii waldiichi irraa jiru agaarsisuu hin dhiheesinnee yakkaan nii gaafatama(kwt.354)
- Goocha **yakkaa waldiicha keessattii** rawwatamuu argee qaama dhimmi illaaluuf yoo gabasuu batee fi iccittii waldiicha yoo eeguu baatee yakkaan nii gaafatama
- ***Gabaasni Odiitarii dhiheessuu haqamuu nii daanda’a?***

Odiitera

- Gabaasni Odiitarri dhiyeesse erga Gumii waliigalaatin mirkanna’ee booda **sababaa gowwomsuutin** alaa ulagawwaan **qaaxarii armaan olii waan gutuu dhabeef** hin haqamuu(kwt.345(2)

Odiitara

Gaaffii Marii

- Miseensootni waldichaa odiitara muuduu ni danda’u? **ulaagaaleen maal maal** guutamu qabu?
- Dhaabbatni itti gaafatamummaan isaa murtaa’e miseensoota kudhani gad yoo qabaate oditara alaa akka qabaatu hin dirqamuu?

Odiitara

- Kwt. 518 fi 343(2) A shareholder or shareholders representing not less than 20% of the capital of the company may appoint an Auditor selected by them.
- A/aksiyoona waldichaa kappitala %20 gadii hin tanee qaban oditarii nuuf haaa mudachuu daanda’u.

Sirna Walgahii

- Walgahii Waldaa akkuma kan waldaa aksiyoonaa walgahii idilee fi walgahii ariifachiisaa jedhamuun bakka lamatti qoodama.kwt.519.
- Walgahiin idileen **BD, manajeeran ykn oditaran ykn miseensota kappitalaa waldichaa walakkaa bakka bu'aniin** wamamuu daanda'a
- Yoo qamootni kunnin waamu didaan **m/murtii yoo sababnii gahan jiratee walgahii idilee** yaamu daanda'a(kwt.517)

Sirna Walgahii

- Miseensonni waldaa 10 gadii yoo ta’an walgahii osoo **ta’iin yaadi murtii** isaaniif ergamuu daanda’a(kwt.523)
- Miseensi hunduu sagalee baay’ina aksiyoona qabatee waliin walqixa ta’ee qaba.(kwt.524)

Quorum

- Kappitalaa waldiicha keessaa **harka ½ miseensi qabu yoo argame** walgahii idilee gaggeessuuf gahaa dha.(kwt.525)
- Haata’u malee dhimmoota walgahii ariifachiisaan ilaalaman irratti murtii kennuun sagalee miseensota hundummaa ykn **harka ¾ gaafachuu danda’a**. kwt.526(1 fi 3) .

Dhimma

- **Dhimma ya’ii m/murtii haa yaamu- Iyyattootni addee Yashii Alamaayyoo N-9 fi waamamaan hin jiru, Mana Murtii OlaanaaGodina Adda Adaamaa, Lakk. G, gaafa 20/05/2008 kennameen**

Dhimma qabatamaa mana murtii olaanaa godina adda Adaamaatti ilaalame murtii argate keessatti miseensootni dhabbata itti gaafatammuuman isaa murtaa’ee tokko namoota sagal yaa’iin bu’uura dambii ittin bulmaataatin bara 2007 irraa kaasee kan hin gaggeeffamne waan ta’eef

darbees murtii dhaddachi ijibbaataa mana murtii waliigala feederaalaa galmee lakk. 46628 ta’e irratti kenneen kaappitaala dhaabbatichaa keessaa abbootiin aksiyoonaa dhibbeentaa 10 ta’u qaban yaa’iin akka waamamu mana murtiitti yoo iyyatan manni murtii haal duree tokko malee iyyaticha fuudhee ilaalu kan qabu ta’u ibsuun

Dhimma

- yaa’iin waliigalaa akka waamamuu fi yaa’icha kan gaggeessuu bakka bu’aan mana murtii tokko akka mooggafamuuf gaafataniiru.
- Manni murtiis yaa’iin akka gaggeeffamu ajajeera. Iyyata kanamarrati qaamni waamamaa ta’ee dhiyaate hin jiru.
- Haata’u, malee akkuma armaan oliitti ibsineetti akka haala isaatti hojii gaggeessitootni dhaabbatichaa fi oditaroonni bakka hojii gaggeessitootni hin jirreetti yaa’ii waamuuf dirqama kan qaban ta’u ibsameera.

con

- **Murtii Dha/ij/ Lakk.galmee. 82503 jildii 15ffaa**
- Akkataa SD kwt.532(1)t Plc miseensota 20 ol qabu keessattii yoo xiqqatee waggattii yeroo tokko ya’iin waliigala ta’amuu kan qabu yoo ta’uu miseensoni 20 gadii yoo ta’an ya’iin waliigala gaggeefamuun dirqamaa tahuu wantii seeran ka’amee hin jiru.
- Daanbiin ittiin bulmataa waggattii yeroo tokko ya’iin gaggeefamuu qaba jeechun yoo ka’ee gaggeefamuu qaba.
- Hata’uu malee **bu’aa argamee** hanga ya’iin waliigala murtessuti hin qoodnu jeechun hundee seera hin qabu.Bu’aa qoduuf kappitalii kaffalamuu qabu hin kaffalamne jeechun akka hal dureeti ka’uun seeran fuudhatama hin qabu.
- SD harawaa kwt. 521 Fi SD duranii kwt. 532 walbira qabun yoo illaalamu ya’ii gaggeessuun dirqamaa?

Bu’aa

- Mallaqaa bu’aan argamuu irraa yeroo hunda %5 gara bajaata of egannooti darbuu kan qabu hanga ofegannon kun kappitalaa waldichaa keessaa **%10’n** walqixatuudha.(528)
- Miseensonni bu’aa sobaa(fictitious dividens) adda qoodaman hanga **waggaa shanitti** akka deebisan gaafachun nii daanda’ama.(529)

Gaaffii

1. dhimma armaan olii irraa ka.uun qaamoleen dirqama qaban kun akka **himatamaa ykn waamamaa** ta’uun dhiyaachu qabu.??(SD harawaa 521 fi SD duranii kwt.532?
2. SD harawaa kwt. 521(3,4)- Fi SD duranii kwt. 532 walbira qabun yoo illaalamu
3. Ya’ii Waliigala gaggeessuun dirqamaa? miseensoni 20 gadii yoo ta’an ya’iin waliigala gaggeefamuun dirqamaa

Diigamuu Waldaa fi Sirna Qulqulleessaa ff
(kwt.531-533)

a)Sababootni diigamiinsa waldaa SD kwt.181 akkuma jiranitti ta’ee;

b)Waldichi qaama hogganu yoo hin qabaanne

c)Kaappitaalli harki ¾ yemmuu hir’atuu nii diggamaa

Diigamuu Waldaa fi Sirna Qulqulleessaa ff (kwt.531-533)

Sababootni diigamiinsa waldaa SD kwt.181 akkuma jiranitti ta’ee;

- Kaayyoon Dhabbatichi ykn waldichii dhabbateef yoo milka’ee ykn milka’uu hin daandenye ta’ee
- Turtiin yeroo dhaabateef waan xumurameef yoo waligalteen dheeratu batee
- Miseensonnii akka digamuu yoo waliigalan
- M/murtii akka digamuu yoo ajajee

Diigamuu Waldaa fi Sirna Qulqulleessaa ff
(kwt.531-533)

- **Yoo waldhichii ykn dhabbatichaa irrattii murtiin kisaraa ittii kennamee**
- **Waldiddaa cimaa miseensota jiduttii umaameen waaldichi ittii fuufuu kaayyoo dhaabatef galman gahuu yoo hin daandenye ajajaa m/murtiin**
- **Waldiddaa cimaa miseensota jiduttii umaamus miseensotni hafaan ittii fufuun kaayyoo waaldicha bakkan gahuu kan danda'aan yoo ta'ee ,miseensii rakkoo umee sheeri ofii gurguratee akka bahuu taasisuun waaldichi akka hin digamne goochun nii daanda'ama**

QH

- Tumaaleen SD **waldaa Aksiyoonaa** jalatti waa’ee muudama, aangoo fi gahee hojii qulqulleessituu herregaa dubbatan tumaaleen SD kwt.473-491 waldaa aksiyoona itti gaafatamummaan isaa murtaa’eefis akkaataa barbaachisummaa isaaniitti raawwatiinsa ni qabaatu (SD kwt.533).

QH

Dhimmaa Diggaa

- Obbo Xaahir Hajaa fi Obbo Abdulmaliik miseensa waldaa dhuunfaa i/g/m *engineering and mechanical work shop garage* ta'uun nu gidduutti waldhabdeen cimaan waan uumameef waldichi haa diigamu jedhanii m/murtii sadarkaa jalqabaa irratti iyyata dhiyeeffatan.
- miseensota gidduutti waldhabdeen cimaan waan uumameef akka diigamu murteessera.
- Tumaan kwt. SD duranii 218(2)(SD harawaa 181) tumaa waliigalaa waan ta'eef dhaabbilee daldalaa hunda irratti raawwatiinsa ni qabaata hubannoon jedhu manneen murtii keessatti fudhatama argatee jira.

QH

Dhimmaa Diggaa **Qabxii Marii**

- **Falmii Massala Maammitoo fi Waldaa Dhuunfaa Tasifaa Birhaan, Mana Murtii Olaanaa Adda Adaamaa, Lakk. G. 008395**
- Falmii himataa Massala Maammitoo fi Waldaa Dhuunfaa Tasifaa Birhaan jiddu tureen himataan himannaa dhiyeesseen waldichi waggaa lama gidduutti kaayyoo hundeeffameef galma gahachuuf hojii waan hin jalqabneef akka diigamu gaafateera.
- Himatamaan gama isaatiin waldichi hojii jalqabuu baatuus **haaloota hojii jalqabuuf barbaachisoo ta'an garagaraa raawwachaa waan tureef kaayyoon waldichaa kan bira gahamu miti kan jedhamu miti** jechuun falmateera.

QH

- Manni murtis murtii kenneen waldichi kaayyoo hundeeffameef galmaan gahuu baatuus hojiiwwan kan akka lafa waldichi irratti ijaaramu fudhachuu, **dizaayinii qopheessuu fi kkf** hojjachaa waan tureef yeroon kaayyoo isaa ittin galmaan gahuu darbeera kan jechisisu miti jedheera.
- Biyyoota tokko tokko keessatti yeroon waldaan tokko hojii itti eegalu kaawwame yeroo sana keessatti hojii eegaluu dhabuun akka sababa diiggaa waldaatti fudhatama.

QH

- Fakkeenyaaf, waldaan tokko hundeeffamee waggaa tokko keessatti yoo hojii eegalu baate waldichi akka diigamu haala itti taasifamu jira.

- Waldichi waggaa lama gidduutti hojiitti galuu dhabuun isaa kaayyoo isaa galma geessisuu kan dadhabee ta’u agarsiisaa?

Instiitiyutii Leenjii Fi Qorannoo

Seera Oromiyaa

Waldaa Dhuunfaa Miseensa Nam-Tokkee Itti Gaafatamummaan isaa Murtaa’e

One person private limited company

SD kwt. 534-545

Instiitiyutii Leenjii Fi Qorannoo

Seera Oromiyaa

- SD duraanii keessa kan hin jirree fi waldaa haaraa SD kun qabatee dhiyaate keessaa tokko isa kana dha
- Waldaan kun PLC waliin baay'ee kan walfakkatuudha
- PLC yoo xiqqatee namoota lama kan barbaduudha.
- Kun immo namotni dhuunfaan waldaa hundeessuu yoo barbadaan akka hin hundessinee gufuu ittii tahera.
- 'Maquumaf' jechaa nama lamaffaa gahee(share) murasaa akka bitatuu gochuun miseensa godhatuu.
- Kana hanbisuuf namnii kophaa isaatis waldaa dhunfaa akka hundessuu carraa kan kennuudha

Waldaa Dhuunfaa Miseensa Nam-Tokkee Itti Gaafatamummaan isaa Murtaa’e SD kwt.534

- Ibsa namni tokko kennu bu’uura godhachuun waldaa **qaama seerummaa nama dhuunfaa** irraa adda ta’een hundeeffamuu dha.
- Miseensi waldichaa buusii waldichaaf buusuu qabu guutummaan **guutuutti** hanga kaffaletti idaa waldichaatiif itti gaafatamummaa hin qabu(kwt.534).
- **new-commercial-code-.pdf**

Cont...

- Kaappitaalli waldaa Aksiyoona Miseensa nama tokko **qar;15,000 gadi** ta’uu hin qabu.
- Waldaa miseensa nam-tokkee itti gaafatamummaan isaa murtaa’e hundeessuuf ibsi kennamu ulaagaa SD kwt.536 fi 537 guuttachuu qaba.
- Kunis maqaa,teessoo fi lamummaa miseensa,nama bakka isaa bu’uu fi bakka buu’umma kana fudhachuu isaa, teessoo waldaa fi kaayyoo waldichii dhabbateef fi kkf
- Ibsi kunis qaama sanadoota mirkaneessuu biratti kennamee galmee daldalaa keessatti **galmaa’uu** qaba**.**
- **new-commercial-code-.pdf**

Cont...

- Namni dhuunfan daldaluu daldalaa isaa **gara** waldaa miseensa nam-tokko itti gaafatamummaan murtaa'etti jijjiiruu danda'a.
- Haata'u malee waldichaa hundeessuun duratti idaa daldalaa kana irra jiruf waldaa fi daldalichi itti gaafatamummaa walini fi qeenxee ni qabaatu.SD kwt.538.
- **new-commercial-code-.pdf**

Gaaffii Marii

1.Waldaan aksiyoona nama tokko hiikaa waldalee aksiyoona waliin nii deema?

2.Mootummaan maalif namni tokko akka waldaa aksiyoona hundessuu heyyama? Bu’aa fi miidhaa isaa waliin kaasa?

Cont...

- **Waldaan miseensa nam-tokko itti gaafatamummaan murtaa'e waldaa biraa isa fakkaatuf miseensa ta'uun hundeessuu hin danda'u. (kwt.539)**
- **Tumaa kana irra darbun yoo hundaa'e toora hundeeffametti mana murtii aangoo qabutti qaamni dantaa qabu yoo iyyate murtii mana murtiitiin ni diigama, miidhaa qaama 3ffaa irra gahuuf immoo itti gaafatamummaa waliinii fi qeenxee ni qabaatu.**
- **Buusii waldicha hundeessuuf gosaan taasifame yoo jiraate ibsa hundeeffamaa keessatti tilmaamni isaa ibsamuu qaba, dabalataan oditerri akka tilmaamu godhamuu qaba. Maliif?**
  - **new-commercial-code-.pdf**

Bulchiinsa

- **Waldaan haala kanaan hundaa'u hoji gaggeessaa qabachuu qaba.**
- **Hoji gaggeessaan miseensa waldichaa ykn nama gara biraa ta'uu danda'a.**
- **Aangoo fi gaheen hojii hoj-gaggeessaa kanuma hoji-gaggeessaa waldaa aksiyoona dhuunfa itti gaafatamummaan isaa murtaa'eetiin wal-fakkaata,(sd kwt.541(2).**

Cont...

Hojii gaggeeessan PLC(SDkwt.515)

- Hojii guyyaa guyyaa waldichaa ni gaggeessa,
- karoora fi bajata waggaa waldichaa qopheessuun ni dhiyeessa yoo mirkanaa'e hojiirra ni oolcha,
- gabaasa qopheessee boordiif dhiyeessa,
- hojjattoota waldichaa hogganuu, qacaruu fi hojiirraa gaggeessuuf aangoo ni qabaata.(SD kwt.515).

Gaaffii Marii

1. Waldaa dhuunfaa itti gaafatamummaan isaa murtaa’ee keessatti hoji-gaggeessaan itti waamamni isaa boordii dhaaf ykn Gumii miseensota waldichaatiif ta’uu danda’a. Haata’u malee, waldaa miseensa nam-tokkee itti gaafatamummaan murtaa’e keessatti miseensi waldichaa hoj-gaggeessaadha yoo jenne itti gaafatamummaan isaa eenyudhaaf ta’a?
2. SD kwt.542 irratti miseensi waldichaa aangoo Gumii miseensota waldaa dhuunfaa itti gaafatamummaan isaa murtaa’eetiin wal-fakkaatu ni qabaata jedha. Kana yoo jenne akkuma miseensota waldaa dhuunfaa aangoo karoora fi bajata waggaa mirkaneessuu? Aangoo gabaasa herregaa dhagahuuf mirkaneessuu, manaajera muuduu fi hojiirraa buusuu ni qabaata jechuu dhaa? Manaajerri miseensichuma yoo ta’e hoo

new-commercial-code-.pdf

Bulchiinsa

❖Murtii miseensi waldaa m/nama tokkee itti gaafatamummaan murtaa’e **aangoo waltajjii miseensa waliigalaatiin kennu** barreeffamee faayila waldichaa keessa taa’uu qaba.

❖Ibsa hundeeffamaa kan jijjiiru yoo ta’e galmee daldalaa irraatti ji’a tokko keessaatti galmaa’uu qaba.(SD kwt.542)

Itti gaafatamummaa

❖Miseensi waldichaa ykn qaamni biraa waldicha irratti karaa kallattii fi al-kallattiitiin aangoo to’achuu qabu tokko gochaawwaan **seeraan alaa qabeenya waldichaa ykn dantaa gaafattoota maallaqaa waldichaa wanta miidhu** kanneen **SD kwt.543 jalatti tarreeffaman raawwatee yoo argame waldichaa waliin itti gaafatamummaa waliinii fi qeenxee ni qabaatu.**

❖**Gochoonni kunninis**;-gochaa mirgaa fi faayida abboottii idaa miidhuu rawwachuu, sanadaa baasii fi galii sobaa qoophessuu, qabeenya dhunfaa fi waldiicha walittii makuu

❖new-commercial-code-.pdf

Haala Diigamuu Waldichaa(kwt.544)

- Waldichi idaa irra jiru **guutummaatti erga kaffalee** booda kan diigamu yoo ta’e qabeenya waldichaa qulqulleessuun otoo hin barbaachisin miseensa waldichaatti kan darbu ta’a.
- Haata’u malee, sana booda **gaaffattoonni maallaqaa yoo jiraatan** miseensichi dhuunfaatti kan itti gaafatamu ta’a. SD kwt.544.
- Guyyaa waldichi diigamuu beekee **kaasee hanga waggaa 5tti**, guyyaa qabeenyi walidichi miseensaatti darbee kaasee hanga **waggaa 10tti** gaafachuu danda’a.
- Walumagalatti diggaan SD SHC irrattii rawwatinsa qabatan waldaa kana irrattis nii qabatuu(kwt.545)
  - **new-commercial-code-.pdf**

Horaa bulaa!